

DOI: <https://doi.org/10.20372/jdq.v2i2.1188>

ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)

Jornaalii Dilbii Qorannoo

Jor. Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 108-135

Fuula Mana: <https://journals.wgu.edu.et>

Qorannoo Asilii

**Xiinxala Ittifayyadama Afaanii: Fiilmiiwwan Afaan Oromoo Eelaafi Miixuu Keessattii**Figiruu Kitilaa<sup>1\*</sup>, Ashannaafii Balaayi<sup>2\*</sup>, Magarsaa Dhinsaa<sup>3\*</sup>

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsitiiti Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<p><i>Kaayyoon bu'uuraa qorannoo kanaa, ittifayyadama Afaanii keessatti hiikdubbiiifi malleen dubbii fiilmiiwwan Afaan Oromoo Eelaafi Miixuu keessatti mul'atan xiinxaluudha. Qorannichi mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahuun kan adeemsifameedha. Iddattoon qorannichaas akkaayyoodhaan kan raawwate yoo ta'u, tooftaa iddatteessuu miti carraatiinis kan raawwateedha. Maddi ragaa qorannichaa madda ragaa tokkoffaa kan ta'an fiilmiiwwan Afaan Oromoo Eelaafi Miixuudha. Mala funaansa ragaa jiran keessaa daawwannaa suur-sagalee filmiitiin dhimma bahuun ragaaleen suur-sagalee filmii Eelaafi Miixuu irraa walitti qabamanii jiru. Yaaxxina mallattummaa bu'uureffachuun fiilmiiwwan filataman keessatti ittifayyadamni afaanii karaalee hiikdubbiiifi malleen dubbiiitiin hojiirra oolan xiinxalamani jiru. Argannoo qorannichaatiin miidhamaafi cunqursaan jireenya hawaasaa irra akka gahe xiinxala qorannichaatiin adda bahee jira. Miidhamaafi miixuu jireenya hawaasaa irra gahaa turan keessaa tokkoffaan, hawaasni tajaajila hawaasummaa dhabe du'uufi akka baalaa harca'uun duguuggaa sanyii sabicha irratti raawwatame ture agarsiisa. Hidhamuun, biyyaa baafamuun, ajjeefamuufi doorsifamuun miidhamaafi ciiniinsuu keessa jiraachuu agarsiisa. Lamaffaan, haawwasni tajaajila hawaasummaa dhabeefi alagaadhaan lafaafi qabeenya isaa saamamaa ture. Sadaffaan, cunqursaan hawaasichatti hedduummatee hiyyummaa jala jiraachuun, biyyaa baafamuufi kanneen mirga hawaasa isaaniif falman ajjeefamuu, biyyaa baafamuufi hojii irraa ariyatamuun irratti raawwate. Miidhamuufi eelaan hammaatulle yeroo isaa eeggatee dhugaan ifatti bahuun maatiin addaan faffaca'eefi dhiibbaa alagaatiin gargar fagaatan miixuu waggoota digadamii saddeetii booda wal argan. Miidhaafi cunqursaa mo'atanii darbuuf icciti qabachuun, obsuufi ciniinnachuun murteessaadha. Walumaagalatti, eelaafi miixuu hedduu booda bu'aa qabsoo qeerroofi qarreetiin yeroo isaa eeggatee hawaasni cunqursaan irratti fe'amee ture dukkana keessaa ifatti kan bahe ta'uu argannoon qorannichaa agarsiisee jira.</i></p>	<p><b>Article History:</b> Received: 11-10-2024 Revised: 24-10-2024 Accepted: 29-11-2024</p> <hr/> <p><b>Jechoota Ijoo:</b> <i>ittifayyadama afaanii, haaldubbii, hiikdubbii, maalleen dubbii, mallattummaa</i></p> <hr/> <p>*Qorataa Muummee: <i>Figiruu Kitilaa</i></p> <p>e-mail: <i>fikruktila@gmail.com</i></p>

**Seensa**

Seenaa industirii fiilmii addunyaa keessatti haala garaa garaan babal'atee as gahee jira. Kunis seenaa dheeraafi jijjiirama hedduu of keessaa qaba. Industiriin fiilmii jalqabaa yeroo 1890 keessa, Thomas Edisonfi Lumière fi obbolaan isaa akka qopheessanitti jalqabame. Filmiiwwan jalqabaa kanneen akka "Roundhay Garden Scene" (1888) fi "The Arrival of a Train at La Ciotat" (1895) kanneen kanneen jedhaman ture (Manley, 2011). Biyyota Afriikaa keessaa biyya Naayijeeriyaa fiilmiin bara 1903 keessa eegale. Fiilmiin jireenya hawaasummaa addunyaa irra jiru giddu galeessa taasifachuun addunyaa dhugaa kana keessatti jireenyi dhala namaa maal akka fakkaatu calaqqisiisuun dadammaqiinsa uumaa ture (Onuzulike, 2015). Biyya Naayijeeriyaa keessatti induustiriin fiilmii kan inni eegale yeroo sirna koloniitiin hidhata qaba. Fiilmonni Naayijeeriyaa yeroo ammaa kana guddatanii jiran fiilmii dookumentarii yeroo kolonii warra adii keessa qophaa'uu eegalaniin kan jalqaban ture. Tom (2013) akka ibsutti, fiilmiin "Nollywood", jireenyi hawaasummaa walitti bu'iinsa akka of keessaa qabuufi waliin jireenyi hawaasummaa haala kamiin akka cimoon irra jiraatu kan biyya Naayijeeriyaa giddugaleessa taasifachuun dhiyeessee jira. Fiilmiin kunis

bara 1960 oota keessa kan hojiirra ooluu eegale yoo ta'u, akaakuu (genre) isaatiin bashannansiisaa, bohaarsaa, sodaachisaafi kanneen kana fakkaatan kan of keessaa qabu waan ta'eef daawwattoota biratti jaallatamaa ture.

Itoophiyaa keessatti fiilmiin kan eegale yeroo dhiyoo ta'uu ragaaleen tokko tokko ni mul'isu. Aboneh (2020) akka ibsetti, yeroo Minilik 2ffaan Impaayera Itoophiyaa bulchaa ture bara 1897/1898 keessa lammii biyya Faransaayi Stevenin nama jedhamuun fiilmiin Itoophiyaa keessatti qophaa'uun agarsiifamuu eegale. Fiilmiin yeroo sana keessa tures gahee warri fiwuudaalotaa (abbootiin lafaa) fi qonnaan bulootni sirna sana keessatti qaban calaqqisiisuudhaan diddaa ture irratti kan xiyyeeffatu ture. Fiilmiin Afaan Oromoo kan eegale waggoota dhiyoo as ta'uu qorannooleen tokko tokko ifa godhu. Teferifi Thomas (2018) akka ibsanitti, sosochiin qorannoo fiilmiin Oromoo yeroo dhiyoo as akka jalqabe ibsanii jiru.

Itti fayyadamni afaanii kan namni dhuunfaan tokko nama kan biroo waliin akkasumas hawaasni tokko hawaasa keessa jiraatu waliin waliigaluuf dhimma itti bahuudha. Itti fayyadamni afaanii hawaasa keessatti hariiroo waloo hawaasummaa gidduutti mul'atu agarsiisuudhaan ogbarruu kalaqaa keessatti

dhimma itti baahamuudha. Ogbarruu kalaqaa keessattis, dhugaa qabatamaa hawaasa keessa jiru jechoota filatamoo ta'anitti dhiima bahuudhaan miidhagsee dhiyeessa. Hayyuun Meyer (1997) akka ibsutti, barruun kalaqaa tokko yeroo barreeffamu, jechoota filatamoo ta'anitti of eeggannoon fayyadamuudhaan malleen dubbiiifi gaaleewwan safaramoofi qindaa'oo ta'an kan of keessaa qabuudha jedha. Ogbarruu kalaqaa keessaa fiilmiin isa tokko ta'ee suur-sagaleedhaan waraabamee qindaa'uun daawwattootaaf dhiyaata. Fiilmiin jiruufi jireenya hawaasaa bu'uura taasifachuun kan dhiyaatu waan ta'eef jechoota, gaaleewwaniifi haaldubbii jechoota filatamoo qabanitti dhimma bahuun dhiyaata.

Fiilmii keessatti jechoota filachuufi dubbiiwwan qolaa fayyadamuun fiilmii tokkoof miidhagina dabala. Leefi Lily (2008) akka ibsanitti, ogbarruu kalaqaa keessatti jechoota filatamoo fayyadamuun barbaachisaadha. Fiilmii keessatti, gochaalee sochii qaamaafi dubbii afaaniitiin taasifaman karaa adda addaa calaqqisiifamuu danda'u. Akkaataan fayyadama jechootaafi miirri taatota irratti yoomessa adda addaa keessatti mul'atu garaagarumma qabaata. Haal dubbii ittifayyadamni afaanii keessatti olka'iinsaafi gadi bu'iinsi sagalee taatoon fiilmii tokko dhimma itti bahu daawwattoota biratti hiika mataa isaa danada'e qabaata (Vincentiifi

Anthony, 2020). Taatoon fiilmii tokko gammachuu isaa ibasachuufis ta'ee gadda isaa agarsiisuuf kan inni ittiin miira isaa ibsatu fayyadama jechootaatiin ifa ta'a. Ittifayyadamni jechootaafi haaldubbiin fiilmii keessatti hojiirra oolan hiika kallattiifi alkallattii qabaatu. Khonita (2005) akka ibsetti, *The Devil Wears Prada film* jedhu keessatti itti fayyadamni afaanii barreessaan fiilmichaa fayyadame fiilmicha keessatti hiika mataa isaa danda'e dabarsee jira jedha. Kunis kan inni agarsiisu fayyadama afaaniitti dhimma bahuun barreessaan fiilmichaa itti fayyadamee dhiyeessuu barbaade kan galmaan gahate ta'uu agarsiisa.

Fiilmiin suur-sagaleedhaan kan dhiyaatu ta'ee haala qabatamaa jiruufi jireenya hawaasa tokkoo karaa hedduu agarsiisa (Thao, 2021). Ittifayyadama afaanii keessatti ulaagaafi haala qabatamaa dubbiiin sun keessatti dubbatame irraa ka'uun hiikni kan itti kennamuudha. Hiik-dubbiin haala galumsaafi qabiyyee dubbii sanaa irratti hundaa'uun hiikama. Barreessaan fiilmii tokko waliin dubbii fiilmii keessatti taasifamu haala qabatamaa jiruu irraa ka'uun kalaqa. Waliin dubbii barreeffama kalaqaa tokko keessatti malleen dubbii fayyadamuun barruu kalaqaa keessaatti miira dubbistootaa hawwachuun ergaa barbaadame dabarsa. Waliin dubbiiin ergaa of keessaa qabu kan taatotaa fiilmii

gidduutti taasifamu daawwattoota hawwachuuf humna guddaa qaba (Khwarizmi, 2018). Ittifayyadama afaaniitti dhimma bahuun barruun kalaqaa dhiyaatu yookiin wanti dubbatamu tokko hanga dubbatame sanaa olitti ergaa gadi fagoofi dhokataa ta'e qabaachuu danda'a (Wulan, 2022). Ittifayyadamni afaanii barruu fiilmii tokkoo keessatti barreessaa fiilmiitiin qophaa'ee taatoodhaan daawwattootaaf dhiyaatu tokko ergaa gadi fagoo kan dubbii afaaniitiin dhiyaatee ol qabaachuu kan danda'u ta'uu isaati.

Hiikdubbiin dubbii yookiin barreeffama tokkoof hiika kennuu irratti xiyyeeffata. Hiiknis kan kennamu waliin dubbii qofa irraa osoo hintaane mallattoolee, fakkii, sochii qaamaafi kanneen biroo irraa ta'uu danda'a. Akka hayyoonni ibsanitti hojii ogbarruu keessatti dhimmi ijoofi xiyyeeffannoon hiikdubbii dubbii tokkoof hiika kennuudha. Hiikdubbiin dameewwan xiinqooqaa keessaa tokko ta'ee, caaseffama himaa, gaalee, jechootaafi dhamjechootaaf hiika kennuu irratti xiyyeeffata.

Akkaataa qoqqoodiinsa kanatti hiikdubbiin bakka adda addaatti qoodama. Hayyuun "Leech" jedhamu kitaaba isaa 'semantics' jedhamu keessatti hiikdubbii bakka adda addaa torbatti akka qoode hayyuun Vinothini

(2017) ibsee jira. Hayyuun kun Leech (1981) waabeffachuun "Hiika" kan jedhu kana akkaataa barbaachisummaafi duraa duubummaa isaatti bakka adda addaa torbatti qooduun dhiyeessa. Isaanis: hiika bu'uuraa yookiin hiika yaadrimee, hiika addaa, hiika hawaasummaa, hiika ibsaa, hiika waliiniifi hiika ergaa yookiin qabiyyee jedhamu.

Fiilmiin jireenya qabatamaa dhala namaatiin kan walqabatu waan ta'eef ittifayyadama afaanii fiilmii keessatti hojiirra oolan fiilmicha miidhagina addaa gonfachiisu. Yustina (2018) Bordwellfi Thompson (2008) wabeffachuun akka ibsitetti, walittidhufeenya hawaasummaafi jireenya qabatamaa ilmoo namaa karaalee hedduun calaqqisuu keessatti malleen dubbii gahee guddaa akka qabaniidha. Haaluma kanaan malleen dubbi kunneenis kanneen gadii ta'uu danda'u. Isaanis: akkasaa, iddeessa yookaan fakkeessuu/walbira qabuu, nameessuu, gurra guddisuu, bakka buusuufi kanneen kana fakkaataniidha. Malleen dubbii kana keessaa akkasaa fayyadamuun wantoota bifaan yookiin amalaan walgitan lama wal cina qabuudhaan jecha "akka" jedhu fayyadamuudhaan ibsa. Waan tokko hanga inni gahuu olitti ol guddisanii ibsuudhaan akka inni xiyyeeffannoo argatu gochuun barreessaan "gurra guddisuutti" dhimma bahuu danda'a. Kanaafuu, fiilmii keessatti

malleen dubbii kanneen biroos akkaataa barbaachisummaa isaatti kan barreessaan fiilmii tokko barruu fiilmii tokko keessatti dhimma itti bahuun qopheesse taatoon baasee daawwattootaaf dhiyeessa.

Fiilmii keessatti yeroo hedduu hiika malleen dubbiitiif xiyyeeffannoo kennuun dubbiifi ergaan taatoodhaan dhiyaate sun sammuu daawwattoota keessa akka turu taasisa. Malleen dubbii fayyadamuun hiika irratti qofa kan xiyyeeffatu osoo hintaane yoomessa qabatamaa irratti hundaa'uun ergaa dabarsuun barbaadame irratti xiyyeeffata. Fahriza (2021) akka ibsetti, ittifayyadamni malleen dubbii yoomessa qabatamaa afaanichi keessatti dubbatamu irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, beekumsa afaanichaa qabaachuu qofa osoo hintaane beekumsa haala qabatamaa naannoofi hawaasummaa aadaa hawaasichaa qabaachuun murteessaadha. Hiikni kallattiidhaan jechootaan dhiyaatu, hiika tokko qofaa irratti xiyyeeffatee dhiyaata.

Qorannichi yaadiddama hawaasummaatiin gamargii mallattummaa (*Symbolic Interactionist Perspective*) bu'uura kan taasifateedha. Fiilmiiwwan Eelaafi Miixuun dhimmoota jireenya garee hawaasaa giddu galeeffachuun mallattoolee waloo keessatti ittifayyadama afaanii dhimma hawasummaa,

dinagdeefi siyaasaan ibsuuf hojiirra oolan xiinxalamani. Itti fayyadamni afaanii fiilmii keessatti dhimma itti bahamu hawaasa keessatti sosochii warraaqsa uumuudhaan hawaasni hubannoo akka argatu taasisa (Jogezai, 2020). Fiilmiin dhimmoota hawaasummaa keessatti sosochiifi dadammaqiinsi hawaasaa akka jiraatu godha. Kanaafuu, fiilmiiwwan qorannichaaf filataman keessatti dhimmoota ittifayyadama afaaniitiin mul'atan yaadiddama hawaasummaa keessatti mallattummaatiin xiinxalamani.

Fiilmiin hojii ogbarruu kalaqaa saba tokkoo guddisuu keessatti iddoo guddaa qaba. Hojiilee ogbarruu kalaqaa uummata Oromoo keessaa fiilmiin Afaan Oromootiin qophaa'anii daawwattootaaf dhiyaachuun kan eegalan yeroo dhiyoodha. Fiilmiiwwan hojjetamanii daawwattootaaf dhiyaatan kanas qorannoodhaan cimsuufi xiinxalauun hojii aartiifi ogbarruu Oromootiif gumaacha guddaa qaba. Fiilmiin Eela barreessaafi qindeessaa fiilmichaa Abirhaam Jallataatiin bara 2005 ALA kan hojjetameedha. Fiilmichi kutaa yookiin fuula lamatti adda bahee kan jiru yoo ta'u turtii yeroo sa'atii tokkoofi daqiiqaa afurtamii shanii (01:45:39) fudhata. Fiilmiin "Miixuu" immoo, barreessaafi qajeelchaa fiilmichaa Biqilaa Asfawuutiin barreeffamee bara 2021 ALA daawwattootaaf

dhiyaate. Fiilmiin Miixuu, turtii dheerina yeroo sa'aatii tokkoofi daqiiqaa shantamii sadiifi sekoondii afurtamii lama (01:53:42) fudhata. Qorannoo kana keessatti wantoonni ka'umsa ta'anis: hanga qoratichi sakatta'etti dhimma fiilmii Oromoo irratti qorannoon hojjetaman kan hinjirre ta'uu isaati. Qabxii kana irraa ka'uun kaayyooleen qorannichaa: Ittifayyadama afaanii karaa hiikdubbii, haaldubbiifi malleen dubbiiitiin fiilmiiwwan Eelaafi Miixuu xiinxaluudha. Qorannichis itti fayyadama afaanii karaa hiikdubbii, haal dubbiifi malleen dubbiiitiin fiilmiiwwan Afaan Oromoo Eelaafi Miixuu qofa xiinxaluu qofa irratti xiyyeeffatee jira.

### **Malleen Qorannichaa**

Kaayyoon qorannoo kanaa itti fayyadama afaanii keessatti hiikdubbiifi malleen dubbii fiilmiiwwan filataman keeaasti hojiirra oolan xiinxaluudha. Qorannichi mala qorannoo akkamtaatiin kan adamsifame yoo ta'u, xiinxala ibsa akkamtaatiin qabiyyee fiilmiiwwan filataman keessatti ittifayyadamni afaanii xiinxalamani jiru. Mala ibsa akkamtaa irratti xiyyeeffachuun ittifayyadamni afaanii karaa hiikdubbiifi malleen dubbii dhiyaatan qabiyyee isaanii xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Tooftaa iddatteessuu akkayyootiin fiilmiiwwan Eelaafi Miixuu kan filataman yoo ta'u, malli

funaansa ragaa qorannichaa daawwannaa suur-sagalee fiilmiiti. Fiilmiiwwan filataman lamaanuu, yoomeessa adda addaa keessatti kan qopha'an ta'anii qabiyyeen isaanii dhugaa qabatamaa jiruufi jireenya uummata Oromoo kan calaqqisiisaniidha. Madda ragaa qorannichaa kan ta'e madda ragaa tokkoffaadha. Daawwannaa suur-sagalee fiilmiiwwan filatamani bu'uureffachuun ittifayyadamni afaanii achi keessatti hojiirra oolan mala ibsa akkamtaatiin xiinxalamani jiru. Yaaxxina fakkoommiitiin ittifayyadamni afaanii karaa hiikdubbiifi malleen dubbiiitiin fiilmii Eelaafii Miixuu keessatti hojiirra oolan duraa duubaan xiinxalamani jiru. Dhuma irrattis, ragaaleen daawwannaa suur-sagalee irraa argaman hunduu walitti qindaa'uun goolabaafi argannoon qorannichaa dhiyaataanii jiru.

### **Qaaccessaafi Hiika Ragaalee**

Ittifayyadama afaanii keessatti hiikdubbiifi malleen dubbii hojiirra oolaniin taatoon fiilmii tokko ergaa hiika gadi fagoofi dhokataa qabu tokko dabrsa. Fiilmiiwwan qorannichaaf filataman keessatti ergaan ittifayyadama afaaniitti dhimma bahuudhaan hiikdubbiifi malleen dubbii dhiyaatanii jiru. Malleen dubbii kunis: akkasaa, iddeessa/fakkeessuu, nameessuu, walbira qabuu, gurra guddisuufi gurra xiqqeessuun

dhiyaataniiru. Fiilmiiwwan qorannichaaf filataman fiilmi Eelaafi Miixuu keessatti ittifayyadamni afaanii hiikdubbiifi malleen dubbiitiin dhiyaatanis xiinxalamanii jiru

### **I. Ittifayyadama Afaanii Fiilmii Eelaa Keessatti Mul'atan**

Fiilmiin calaqqee jiruufi jireenya hawaasaa akkuma ta'e, dhimmoota waliin jireenya hawaasaa keessatti hojiirra oolan kanneen akka waliin dubbii, hariiroo hawaasummaafi dhimmoota hawaasaan hidhata qaban hunda dhiyeessa. Fiilmii Eelaa keessatti waliin dubbiin karaa itti fayyadama afaanii hiikdubbiifi malleen dubbiitiin hojiirra oolaniin jiru. Walitti dhufeenyaafi hiikdubbiin karaalee malleen dubbiitiin fiilmichaa keessatti dhiyaatan xiyyeeffatamuun xiinxalamanii dhiyaatanii jiru.

#### **i. Hiikdubbii Fiilmii Eelaa Keessatti**

Fiilmii Eelaa keessatti hiikdubbiidhaan eelaafi miixuun hawaasni keessa jiraataa ture karaa hedduu dhiyaatee jira. Abirhaam, (2005, 0:03:09-35) irratti Surraan bakka itti yaala fayyaa hawaasaaf kennu turee yummuu manatti galetti mudannoo isaa kan guyyaa sanaa hiriyyaa isaa Sanyiitti hima ture. Innis, "...Haati warraa qotee bulaa tokkoo ciniinsuun ishee waan irra tureef na rakkiste malee mucaa isa maal fakkaatu argataniiru" jedhe. Ciniinsuun irra turuun isaa miidhama

keessa jiraachuufi dhiibbaa jalatti eelaan jiraachuu agarasiisa. Garee hawaasaa utubaafi bu'uura biyyaa ta'e kana irratti miidhamaafi eelaan hammaachuu kan agarsiisuudha. Qotee bulaan utubaa dinagdeefi jireenya hawaasaa ta'ee osoo jiruu tajaajila hawaasummaa dhabe. Sanyiifi Surraan erga dhaqanii garuu ciniinsuu isaaniitti hiikamuun bilisummaa argachuu isaanii ifa taasisa. Qotee bulaan biyya kana utubee jiru kun immoo tumsaafi tajaajila hawaasumaa dhabuudhaan maatiin isaa du'aaf saaxilamaa turuu agarsiisa. Haati warraa qotee bulaa kun ciniinsuun irra turuun miixuu hedduu booda rakkina keessa darbitee mucaa ilmaa argatte. Ciniinsuun irra turuun cunqursaafi dararaa keessa turuu hawaasichaa agarsiisa. Cunqursaafi rakkina keessa turanii qabsoo hedduun booda bilisummaa argtani. Cunqursaafi roorroon/gidiraan hammamii hawaasichaarra turu iyyuu wal'aansoo fi qabsoo ilmaan Oromoo taasisaniin yoo ta'e malee bilisummaan kan hinargamne ta'uu agarsiisa.

Hiikdubbiin jaalalaafi jibba hawaasa keessatti mul'atu ni agarsiisa. Abirhaam (2005, 0:16:08-25) irratti, "Jaarti sin geggeessaa dhaabbadhu!" yummuu jedhu mul'ata. Dubbiin Rabbirraa kun irra keessoo isaa yoo ilaalle *jaartiin* nama umuriin raageef kan dhimma itti bahame miti. Kan Rabbirraan

Simboodhaan jedhe kun garuu umuriidhaan raaguu obboleettii isaa ibsuuf kan dhimma itti bahame miti. Dulluma umurii Simboo agarsiisuuf osoo hintaane jaalala obboleettii isaaf qabu ibsachuu isaati. Simboonis deebistee, “Harme waan inni naan jedhu dhageessaa?” jette. Harmeen Rabbirraa deebistee Simboodhaan, “Atis jaarsaa! ittiin hinjettuu?” jette. Rabbirraan hiikdubbiitti fayyadamee marartee fi jaalala obboleettii isaa Simboof qabu ibsate. Harmeen Rabbirraas deebii kana akka Simboon kennituuf kan isheen itti himte dulloomu Rabbirraa ibsuuf osoo hintaane jaalala waliif qaban haaldubbii kanaan fayyadamanii akka waliif ibsaniif ture. Jaarsa jechuun kan umuriidhaan sadarkaa dullumaa irra gahe yookiin geesse kan agarsiisuudha. Obbollooni lamaan kun umuriidhaan dulloomanii osoo hintaane jaalalaafi hiriyummaa waliif ibsuuf kan dhimma bahaniidha. Hiikdubbii kanaan wal mararsiifachuufi jaalala obbolummaa waliif qaban ibsachuu isaaniiti. Kanaafuu, jechootni itti fayyadama afaanii keessatti hojiirra oolan kan umuriidhaan hidhata qaban kun hariiroo obbolummaafi jaalalaa ittiin ibsachuu keessatti gahee qabu.

Namni tokko lubbuudhaan addunyaa kana irraa kan hinjirre ta’uu agarsiisa. Biyyoon itti salphachuun kan namatti ulfaatu salphisuu osoo hintaane Ittifayyadama afaanii keessatti

jechootni duudhaa hawaasa agarsiisan hiikdubbiitti dhimma bahuun ni danda’ama. Fiilmii Eelaa keessatti, Caaltuun, haala ittiin gara mana Rabbirraa dhufte yummuu ibsitu, “Rabbi biyyoo isaanitti haa salphisu malee...” jette (Abirhaam, 2005, 0:06:18-28). Jaartiin gara Rabbirratti ishee fidde lubbuudhaan addunyaa kana irra kan hinjirre ta’uu ibsachuuf hiikdubbiitti fayyadamtee yaada ishee ibsattee jirti. Duudhaa hawaasa Oromoo keessatti *Rabbi biyyoo isaanitti haa salphisu* jechuun namni sun yeroo sanatti lubbuun kan hinjirre ta’uu agarsiisa. Aadaa Oromoo keessatti jechoota duudhaa agarsiisan hiikdubbiitti fayyadamuun hawaasichi dhimma itti baha. Gaarummaa jaartiin sun isheef oolteef galateeffachuufi du’uu jaartii ishee gargaarte sanaa ibsachuu agarsiisa. Kanaafuu, ittifayyadama afaaniitiin yaada ibsachuun barbaadame tokko hawwiifi jaalala qaban akkasumas wanta nama gammachiisuufi nama gaddisiisu ittiin ibsachuun nidanda’ama. Waliin dubbii taasifamu keessatti safuu uumaafi uumamaan jiru eeguun ittifayyadama afaanii hawaasa gidduutti taasifmuuf hiika kennuu keessatti gahee qaba. Caaltuun intala Oromoo safuufi duudhaa hawaasa ishee beektee guddatte waan taateef jechootni isheen dubbattu safuu hawaasaa kan agarsiisu ture.

Abirhaam (2005, 0:17:01-19) irratti, Caaltuun



akkuma duraan Obbo Surraan waadaa isheef seenetti deebitee isa argachuuf gara waajjira Obbo Surraa dhaqxe. Caaltuun waajjiratti seentee du'a Obbo Surraa yummuu dhageessetti, Obbo Dirribaan, "Hirmii kee baafadhu!" ittiin jedhe. Hirmii baafachuun du'a nama jaallatan tokkoo namatti himuuf kan hojiirra ooluudha. Aadaa Oromoo keessatti firri kee du'eera jechuurra boqoteera; dadhabeera; hirmii kee baafadhu jedhama. Obbo Surraan du'eera jechuurra *hirmii kee baafadhu* jechuun du'eera jechuu isaati. Caaltuun, "Obbo Sanyiin hoo?" jettee yummuu gaafattu, "Innis erga hiriyaan isaa boqotee booda hojii gadi dhiisee gara magaalaa Finfinneetti galee jira" ittiin jedhe. Ergaan cigoo kanaa dhibee hawaasa isaanii fixaa jiru irraa qolachuuf bahanii dhibee busaa hawaasa fixaa ture sanaan du'uu mul'isa. Busaan dhibee hamtuu waan taateef yeroodhaan qoricha yoo itti fudhachuu baatan kan nama ajjeesuudha. Qorichi busaaf liqimfamus hedduu kan hadhooftuufi gara kuteenyaan ciniinnatanii liqimsuu kan gaafatuudha. Dhibeen kun cunqursaafi roorroo alagaa hawaasa fixaa tureedha. Roorroo kana of irraa dhabamsiisuuf immoo osuma qabsoon hadhooftuu taatee jirtuu ciniinnatanii qabsaa'uun of irraa dhabamsiisuu feesisa. Dargaggoonni hedduun cunqursaa kana dhabamsiisuuf, dirree

qabsootti seenani. Kaayyoo manaa bahaniif osoo galmaan hingahin garee aangoo of harkaa qabuun kan ajjeefaman akkuma jiran kanneen biroon immoo abdii kutatanii biyyaa bahuu kan agarsiisuudha.

Ittifayyadama afaanii keessatti hiikdubbiin jaalalaafi jibba qofa osoo hintaane hawwiifi fedhii jiru calaqqisiisuu danda'a. Abirhaam (2005, 0:15:13-19) irratti Rabbirraan gara biyya alaa deemuuf yeroo qophaa'etti Abbaan isaa, "Waaqayyo si haa gargaaru; 'erga mana eeganii sareedhaa qoricha ta'u' jedhan mitiiree" ittiin jedhe. Dubbii Abbaan Rabbirraa dubbate kun kan agarsiisu, mana eeguun wanta badu tokko badii irraa oolchuuf ta'uu isaati. Mana eeguun saree mana balleessitu dhorkuu qofa miti; diina alaa dhufuun mana balleessuu dhorkuuf ta'uu akka qabu ibsuu isaati. Manas ta'ee biyya ofiitiif nan dhaabbadha jechuun roorroo biyyatti dhufte yoo biyya ofii irraa qolataniidha. Abbaadhaan eebbifamanii biyya ofiitiif dhaabbchuun injifannoof murteessaadha. Kanaafuu, biyya koo nan eega jedhanii diinaaf karaa saaquun barbaachisaa akka hintaaneefi quuqama hawaasa ofii qabaachuun barbaachisaadha.

Ittifayyadama afaanii keessatti, hiikdubbiin f kabajaafi jaalala namoota gidduu jiru ni agarsiisa. Rabbirraan hiyyummaafi naamuusa

Caaltuu ilaalee isheef gadde. Abirhaam (2005, 0:05:28- 0:06:03) irratti Rabbirraan Caaltuudhaan barumsa isheetti cimtee barachuu akka qabdu yummuu itti himetti, “Akka isin waan gaarii naaf yaaddan Waaqayyo waan gaarii isiniif haa yaadu” jette. Caaltuun miira gammachuu keessa seenuun kabaja Rabbirraaf qabdu ibsachuuf kan isheen dhimma itti baateedha. Rabbirraanis deebisee, “Isinii kana dhiisi jennaan diddee mii?” isheedhaan jedhe. Rabbirraan, “Isinii kana dhiisi jenneen didde mii? ” jechuun isaa gama tokkoon Caaltuu waan jaallatee jiruuf hariiroo hiriyummaan isheetti dhiyaachuuf kan dhimma itti bahe. Gama birootiin immoo yoo ilaalamu, hariiroo obbolummaatiin akka isheen isa ilaaltuuf kan inni dhimma itti bahe fakkaatee jira. Afaan Oromoo keessatti jechi *isin* jedhu kun nama tokkoof yoo ta’e, kabaja mul’isuuf kan hojiirra oolu yoo ta’u, namoota lamaafi sanaa oliif immoo heddummina agarsiisuuf oola. Kan Caaltuun fayyadamteef garuu kabaja Rabbirraaf qabdu agarsiisuuf ture.

Itti fayyadama afaanii keessatti hiikdubbiidhaan wanti dhiyaatu tokko tuffii agarsiisuu danda’a. Abirhaam (2005, 0:35:42-50) keessatti harmeen Rabbirraa Caaltuudhaan “Eenyuu irraa ulfoofte? Ani egaa dhimman sagaagaltuu gandaa sooruuf hinqabuutii bahi narraa! Bahi narraa!” ittiin

jette manaa baaste. Bakka kanatti ittifayyadama afaaniitti dhimma bahuun haaldubbiidhaan wanta dubbatame kana yoo ilaalle, sirnoota biyya kana bulchan keessatti gocha raawwatamaa ture agarsiisa. Caaltuun ulfaa’uun ishee quuqama of keessaa qabaachuu qabsaa’otaa agarsiisa. Quuqama hawaasaa ofii qabaachuun immoo biyyaa baafamuufi arrabsamuu, hidhamuufi dararamuu lammiilee hedduuf sababa ta’e. Caaltuun manaa baafamtee bosona keessatti mucaa ishee Siifaniin deesse. Sababa quuqama hawaasaa qabaniif waajjiraalee mootummaafi hojii idilee isaanii irraa baqatanaii bosonatti galanii achittis qabsoo kan finiinsaa turan hedduudha. Ulfi mallattoo quuqama bilisummaa qabaachuufi kaayyoo bilisummaa kan of keessaa qabaniiti. “Eenyuu irraa ulfoofte?” kan jedhames mirga yaaduufi kaayyoo bilisummaa qabaachuu dhorkamuutiin cunqursaa taasifamaa tureedha.

Harmeen Rabbirraa sodaachisaafi doorsisa Caaltuu irratti raawwatteen akka isheen mana gadi dhiiftee deemtu ishee dirqisiite. Abirhaam (2005, 0:52:02-25) irratti Caaltuun qofaa ishee teessee gocha harmee Rabbirraa kana itti yaaduun, “Bofa gugee deesse” jette. Bofa gugee deesse jechuun irra keessoo isaatiin bofti bineensa haxxeefi hammeenya qabdu yoo taatu gugeen immoo, garraamii

ta'udhaan beekamti. Bofiti bineensa hamaa kan hadhaa qabuufi nama hidduun kan nama ajjeesuudha. Gugeen immoo, gara-laafettiifi garraamii ta'uu isheetiin beekamti. Caaltuun harmee Rabbirraa bofatti fakkeessite. Bofa kan summiifi hammeenya qabutti fakkeessuudhaan Rabbirraa immoo, gugeetti fakkeessuun yaada qabdu qof-dubbiidhaan ibsattee jirti. Kanaafuu, kanneen hammeenya godhaniifi kanneen gaarummaa namaaf yaadan yeroo hunda walbira kan jiraatan ta'uu isaa agarsiisa. Afaaniin gaarummaa hawaasichaaf kan yaadan fakkaatanii keessi isaanii summii kan qabu ta'uu ibsitee jirti.

Hiikdubbiitti fayyadamuudhaan quuqqaafi godaannisni hawaasarra hahe ni ibsama. Abirhaam (2005, 0:01:10-30) irratti Rabbirraan, bakka Caaltuun itti baqattee baadiyyaa deemtetti dhaqee ishee barbaadee argachuun, "Beeki Caaltu; kan laphee kee keessa jiru laphee koo keessaayis hindhabamu" isheedhaan jedhe. Caaltuun mudannoo harmeen Rabbirraatiin isheerra gahe sammuu ishee keessaa baastee yaadachuu ishee godaannisa cunqursaatti hiikama. Kan laphee Caaltuu keessa jiru cunqurfamuufi doorsifamuudha. Caaltuun mirga jiraachuu dhorkamtee doorsifamtee dhala ishee irraa adda bahuuf dirqamuu ishee akka beeku ibsachuu barbaade. Mana mootummaa keessa taa'uun warra aangoo

qabaniin wajjin taa'anii quuqama hawaasa isaanii kna qabaniifi dhiibbaan hawaasicharra gahu kan isaan quuqu jiraachuu isaa mul'isa. Yeroo fiilmiin Eelaa hojjetame keessa namootni hedduun siyaasa biyyattii keessatti roorroofi cunqursaa raawwate baasanii dubbachuu sodaatanii callisuu akka filatan agarsiisa. Kan dubbatan immoo, doorsifamuufi ajjeefamuun waan isaan irratti raawwatuuf du'uurra callisuu filatanii jireenya baqaatiif saaxilaman. Rabbirraan immoo, kanneen qaama mootummaa ta'anii cunqursaa hawaasicharra gahu baasanii dubbachuuf danqamanii iccitiidhaan hawaasa cina dhaabbataniifi hawaasichaaf tumsa taasisaniidha.

Hiikdubbiin dhiyaatu ukkaamfamuufi cunqursaa jala jiraachuu ni agarsiisa. Abirhaam (2005, 0:08:47-50) irratti Harmeen Rabbirraa mooraa keessaa Caaltuu gadi baasiste. Tulluudhaanis, "Waan dhageesseefi argite immoo, hinxebexxebin!" yeroo ittiin jettu, Tulluun deebisee, "Xis-ximbaan hinjiru! Tole" jechuun deebise. Xis-ximbaan bakka kanattin hojiirra oole kunis ukkaamsamee jiraachuufi dhugaa dhoksuuf dirqamuudha. Dubbiin qoolaa bakka kanatti hojiirra oole kun ukkaamsaafi cunqursaa warra qabeenya qabaniifi aangoo qabaniiti. Warra qabeenya qaban jalatti qacamee kan jiru immoo, dhugaa dubbachuuf dhorkamuu

Fiilmii Eelaa keessatti ittifayyadama afaanii keessatti hiikdubbiidhaan cunqursaafi roorroo balaaleffachuuf kan hojiirra oolaniidha. Dhibee hawaasa xuuxee fi cunqursaa itti heddummate hawaasa ofiirraa qolachuuf bahanii kan badhee irratti lubbuu isaanii dhaban jiraachuun xiinxala taasifameen adda bahee jira. Cunqursaa balfuufi qabsoo taasifamu keessatti tuffatamuufi arrabsamuuf osoo bakka hinkennin kaayyoo ofiitiif ejjennoo qabaatanii socho'oon murteessaadha. Ulfa bilisummaafi qabsoo dhugaa qabatani ka'an karaatti hambisiuuf doorsifamuun jiraatulle ejjennoo qabaatanii socho'oon murteessaa ta'uu argannoon xiinxala olii irratti taasifame ni agarsiisa.

## **ii. Malleen Dubbii Fiilmii Eelaa Keessatti**

Fiilmii keessatti malleen dubbii ittifayyadama afaanii agarsiisuuf karaalee hedduu hojiirra oolu. Malleen dubbii karaa mul'ataa ta'een qofa osoo hintaane karaa hinmul'anneefi dhokataa ta'een ergaa dabarsuu barbaadame tokko dabarsuuf gargaaru. Qorannicha keessattis malleen dubbii hundi kan xiinxalaman osoo hintaane malleen dubbii murasni achi keessatti mul'atan xiinxalamani jiru. Isaanis: akkasaa (simile), bakka buusaa (metaphors), nameessuu (personification), gurra guddisuu (hyperbole), gurra xiqqeessuu

(understatement), habalaka (paradox), mithee, kanneen biroo ta'uun beekamu. Haaluma kanaan, ittifayyadamni afaanii dubbiiidhaan taasifaman kunis dhimmoota hawaasummaa keessatti karaa waliin dubbii taasifamuun mul'atan akkataa itti aanutti xiinxalamani jiru. Malleen dubbiiitiin karaa dhokataafi mul'ataa ta'een fiilmii kana keessatti hojiirra kan oolan hedduun isaanii dhimmoota hawaasummaa, siyaasaafi dinagdeedhaan walqabatan akkaataa itti aanutti xiinxalamani jiru.

### **a) Akkasa (Simile)**

Fiilmii Eelaa keessatti daa'imman kunuunsa yaalaa dhabanii du'uu isaanii harcaatii baalaatiin walfakkaatanii dhiyaatanii jiru. Abirhaam (2005, 00:04:31) irratti Surraan Sanyii yeroo gorsaa turetti, "Obboloowwan keenya talaallii dhabanii du'an, daa'iimman kunuunsa yaalaa dhabanii akka baalaa harca'an..." deemnee tajaajiluu qabna jedhe. Hawaasa keenya birmannaa dhabe cina dhaabbannee qabsaa'uun lammii keenya bilisa baasuun du'a irraa oolchuu qabna jechuudha. Cunqursaa hawaasicha irratti taasifamaa ture irraa kan ka'e hawaasni Oromoo hedduun miidhamaa turuufi ilmaan qonnaan bulaa hedduun dhumuu isaanii agarsiisa. Daa'imman kunuunsa yaalaa dhabanii du'aaf saaxilamuun kun dhugumaan

dhimma dhibee busaatiin hariiroo qabaate qofa osoo hintaane sirna sana keessa hawaasichi cunqursaafi roorroo isarra gahuun dhumaatiif saaxilamuu isaanii agarsiisa.

Abirhaam (2005, 0:09:56) irratti Rabbirraan Sanyiifi Surraadhaan, “Eeyi! Goota dirree waraanaatti duulu fakkaattu” gaafa ittiin jedhu haala deemsa isaanii gootaa wajjin wal bira qabuudhaan itti fayyadamuu isaati. Gootni diina biyya isaatti dhufe sodaa tokko malee gootummaadhaan itti duula. Diina/dhibee hawaasa fixaa jiru kan daa’immaniifi deessuu galaafataa jiru qolachuun xiiqiifi tokkummaadhaa injifachuuf qophii ta’uu isaanii agarsiisa. Diina saba ofiitti dhufe qolachuufi mo’achuun kan danda’amu immoo gootummaa, tokkummaafi xiiqiin yoo waliin dhaabbatan ta’uu dubbii kun ni mul’isa. Uummata ofii dhumaatiifi cunqursaa jala jiru baraaruufi irraa qolachuuf kutannoon dhaabbachuu gaafata.

Abirhaam (2005, 0:39:19) irratti Sanyiin haadha manaa isaa ishee ulfaan jirtu gadi jedhee garaa ishee yummuu dhungatu isheen immoo deebistee, “Alattis *akkuma* manaa taataayii, namni maal siin jedhaa?” jette. Bakka kanatti malli dubbii dhiyaate alaafi mana wal bira qabdee ibsuu ishee agarsiisa. Iccitii gola ofii gadi baasanii alatti mul’isuun

barbaachisaa akka hintaaneefi ormaaf iccitii ofii baasanii himuun akka hinbarbaachifne mul’isa. Iccitiifi dhoksaa gola ofii keessaa baasanii alatti ormaaf agarsiisuun diinaaf karaa saaqa waan ta’eef wanta manatti raawwatamu kan alatti raawwatamu akka hintaane walbira qabuun dhiyeessee jira. Abirhaam (2005, 0:44:40) irratti Surraan Rabbirraadhaan “Rabbirraa kana *fakkaatti* kaa jireenyi baadiyyaa” ittiin jedhe. Rabbirraanis deebisee, “Boqonnaa keessan asumatti dabarsitan jechuudhaa? Maal akkam nama gammachiisa?” yummuu ittiin jedhu nimul’ata. Kunis kan agarsiisu jireenya baadiyyaa hawwataafi bashannaaf miidhagaa ta’uu ifa taasisa. Baadiyyaan kan ijatti toltu; kan jireenyaaf mijattu taatee, garuu hawaasni achi keessa jiraatu hedduu miidhamaa ta’uu isaa agarsiisa.

#### **b) Iddeessa/ Bakka buusa**

Akaakuu malleen dubbii keessaa bakka buusaan tokko ta’ee wantoota adda addaa walbira qabuun dhiyeessuudha. Abirhaam (2005, 0:52:00) irratti Caaltuun mana keessa gadi ariyamtee harmee Rabbirraatiin, “Bofa gugee deesse” yummuu jettu mul’ata. Bofiti gugee kan deessu osoo hintaane amalaan jarreen kun waliif faallaa ta’uu iddeessaan agarsiisa. Dhiibbaa jireenya hawaasummaa keessatti Caaltuu irra gahe agarsiisuuf

Rabbirraan gugeetti fakkeeffamee harmeen isaa kan Rabbirraa deesse immoo, hamtuu ta'uu ishee agarsiisuuf kan dhiyaateedha. Miira gaarummaafi hammeenya qabaniin namootni tokko tokko cunqursaa raawwataniin akka bofa summii qabuutti kan fakkeeffaman ta'ee kanneen gaarummaa agarsiisan immoo kan gugeetti fakkeeffamanii dhiyaatani.

Namni wanta jaallatu tokko gara duubaa osoo hintaane laphee isaa onnee isaatti aansee kan kaawwatu ta'uu bakka buusaan dhiyaatee jira. Abirhaam (2005, 0:23:06) irratti, Rabbirraan, kennaa yaadannoodhaaf hiriyoonna isaa isaaf kennan sana jaallachuufi simachuu isaa haala ittiin ibsate qaba. Kanaafuu, “Kennaa isin anaaf kennitan kana duuba koo osoo hintaane, keessa qoma koottin kaawwadha” jechuun isaa hiikoo mataa isaa danda'e qaba. Xiinxala kanaan suuraan Odaa kan inni agarsiise kun jaalala inni mallaatoo Odaa sanaaf Oromummaa isaaf qabu agarsiisa. Kennaa Rabbirraaf kenname sana gubbaa mallattoon jiru mallattoo Odaati. Rabbirraanis jaalala Odaa sanaaf qabu mul'isuuf jecha duuba koo osoo hintaane laphee koo keessan kaawwadha isaaniin jedhe. Odaan mallattoo araaraafi gaaddisa Oromooti. Hawaasa Oromoo biratti kabajaafi jaalala guddaa mul'isa. Jaalala Oromummaafi Oromoof qabu of duubatti kanan dagadhu

osoo hintaane laphee koo keessatti qabadhee bakka kamittuu yaadachuun qaba jechuu isaati.

Rabbirraan gocha isaafi Caaltuu gidduutti raawwatame kan ibiddaan raawwatamuun walbira qabuun dhiyeesse. Abirhaam (2005, 0:34:46) irratti xalayaa Rabbirraan Caaltuuf barreesse kan harmeen isaa dubbiste irratti, “Dogongorri anaafi si gidduutti uumame mar'ummaan na waadee, onnee na waxalee” jedhe. Kan waadee nama waxalu dogongora yookiin jaalala osoo hintaane ibidda ta'uun isaa beekamaadha. Dogongora al tokko uumameen hireen hawaasa ofii gargaaruuf qaban miliqee waadaan cabuun isaa akka gatii guddaa nama baasisuu danda'u agarsiisa. Miira ofii to'achuu dadhabuun waadaa ofiifis ta'ee namaaf akkasumas biyyaaf seenan dagachuun dhiibbaa kan qabu ta'uu agarsiisa.

Caaltuun rakkina isheefi mucaa ishee irra gahe ilaaltee mucaa ishee biqiltuu copha jalatti biqilteen walitti fakkeessite. Hiree mucaa ishee kanas gaafa Surraa waliin dubbattus, “Maalan godhaa, carraa isheeti; biqiltuu copha jalatti biqilte, maalan godha jetteetii Surraa!” jette (Abirhaam, 2005, 0:02:04-10). Surraan garuu, “Copha ishee yoo irraa muran akka isheen akka gaariitti guddattu beeki!” jedhe. Biqiltuun copha jalatti guddatte kun jireenya namoota

cunqursaan isaanitti ulfaatee bakka bu'a. Cophni irraa muramuu qabu sun immoo, dhiibbaa siyaasaafi cunqursaa abbootii irreetiin hawaasicha irratti fe'ame irraa garagalchuufi qolachuudha. Hireen kunis kan mucaa ishee qofa osoo hintaane cunqursaafi hacuuccaa ilmaan Oromoo irratti raawwatamaa tureen walfakkaata. Garbummaa ofirraa maqsuuf abbootii irree of irraa dhabamsiisuun barbaachisaa ta'uufi kutannoo kan barbaadu ta'uu mul'isee jira.

Caaltuun doorsisa harmee Rabbirraaf jecha mana mana maatii Rabbirraa dhufuu hinhinbarbaanne. Caltuunis, "Hoodhu Rabbirraa! Haadhas abbaas ta'ii guddisi; mucaa kana lafarrattin sitti kennee, Waaqa irrattin si harkaa fudha; Wabiin keenya Surraafi Rabbiidha; hoodhu! Hoodhu Rabbirraa" jetteen Rabbirraatti kennite (Abirhaam, 2005, 0:02:57-60). Caaltuun mucaa ishee kana Rabbirratti kennuun ishee mallattoo imaanaa fuuchuuti. Dhala ishee itti kennuun mallattoo waadaa waliif seenuun qabsiisa itti kennuu ishee ta'ee bakka kanatti dhiyaatee jiraachuu isaa agarsiisa. Dacheen Oromiyaa ilmaan isheetti adaraa kennattee qabaachuufi ilmaan ishee baratan kun immoo, qabsoo uummata isaaniif taasisan kana karaatti hambisuu akka hinqabne mul'isa.

Abirhaam (2005, 0:53:59) irratti, Rabbirraan

bakka ciisichaa Caaltuu dhaqee ilaalee yeroo dhabetti hedduu rifachuun "Caaltuun akkasitti callistee hinbarristu" jedhe. Barrisuun kun gocha yookiin amala warra baalleen balali'aniiti. Amala baalleen balali'uu Caaltuu gonfachiisuun dhiyeessuun ariitiidhaan sokkuu isheetti fakkeesse. Dhokattee deemuu Caaltuu sana barrisuu simbirrootiin walbira qabee ibsuu isaati. Kan barrisu allaattii yookiin simbirroodha. Gocha ariifatee deemuu Caaltuu kana barrisuu simbiraatiin walbira qabee ibse. Namni cunqursaan itti hammaate malee ofiin akka mana dhiisee hindeemneefi cunqursaan nama jaallataniifi dhala ofii irraa adda baasa.

### **c) Nameessuu**

Fiilmii eelaa keessatti wantoota nama hintaaneef amala namaa kennuun kan dhiyaatan jiru. Abirhaam (2005, 0:10:21) irratti, Rabbirraan Caaltuudhaan, "Akkasi malee Caaltuu! Barumsa kana ni haleelta moo si haleelaa jira?" yeroo ittiin jedhu mul'ata. Gocha haleeluu kana kan raawwatu nama malee barumsa miti. Gocha namni raawwatu kana barumsaaf kennuun dhimma itti bahe. Caltuunis, *Maal na haleela nan haleela malee*; siif Rabbii wajjiniin kanan yaadu argadhe" gaafa jettu mul'ata. Caaltuun barumsa isheetti itti cimtee jabaachuu ishee ibsachuuf jecha isheen dhimma itti baatedha.

Mana kan lubbuu hinqabne amala nameessuu gonfachiisuun Sanyiin yummuu dubbatu argina. Abirhaam (2005, 0:34:13) irratti Sanyiin, “Leelloofi Boruun baadiyyaa bu’aniiru, manni onaa natti ta’ee *haa jedhee na nyaachuu gaheera* yoo jedhu mul’ata. Bakka kanatti gocha lubbu maleeyyiin yookiin manni raawwachuu hindandeenye tokko nameessuudhaan dhiyeesse. Manni yookiin bultiin kan guutuu ta’u maatii waliin akka ta’eefi bakka maatiin hinjirretti qaawwi kan nama seenuufi hir’uu ta’uu agarsiisa. Abirhaam (2005, 0:06:14) irratti, du’uu Surraa ilaalchisee, “Amala koo rakkisaa danda’ee bara hedduu kan anaa wajjin jiraate guyyaa shan gidduutti *busaan na harkaa fudhate* jechuun Sanyiin dubbate. Busaan amala waa fudhachuu namni gonfatee Surraa fudhachuu isaati.

Eelaa laphee haadha ishee cabse kana Siifan mucaan Caaltuu amala namaa gonfachiisuun nameessuun dhiyeessite. Abirhaam (2005, 0:44:42) irratti yeroo Caaltuun konkolaataadhaan rukutamtee sanatti Siifan dhuftee, “...Harmee *eelaa lapheekee cabse*, mee ana dhala keetti himadhu harme” jette. Cunqursaafi rakkina jiru eelaadhaan walitti fakkeessuudhaan yoo isheen waamtu argina. Gocha namni raawwatu kan birootiin nameessanii bakka buusuudhaan kan mul’ateedha. Harmeen bakka kanatti isheen

waamtu kun harmee ishee deesse Caaltuu qofaa osoo hintaane dachee Oromiyaati; dacheen haadhatti fakkeeffamtee harmeedhaan bakka buute.

#### **d) Gurra Guddisuu/Arbessuu/ Hukukkubee**

Gurra guddisuun fiilmii keessatti gocha raawwate tokko hanga inni gahuu olitti ol guddisanii himuufi dubbachuudhaan walqabata. Abirhaam (2005, 0:13:31) irratti Rabbirraan, “Yeroon mooraa sana keessaa bahu magaalaa keessatti nama wantan argu natti hinfakkaanne, wantuma biyya gadi dhiisaa deemaa jedhan fakkaatu” jedhee maatii isaatti hime. Dubbiin Rabbirraa kun humnaa ol gurra guddisanii ibsuu isaa agarsiisa. Hawaasni rakkoo keessa jiruufi cunqursaan irratti fe’amee jiru heddummachuu isaati. Hawaasni kun rakkoo itti hammaate baqatee carraaqqii taasisuufi nama isaaf birmatu barbaadu kan talaallii barbaadu lakkoofsaan hedduu ta’uu isaa ibsuu isaati. Talaallii barbaaduun qaama isaan gargaaruufi cunqursaa alagaa jalaa isaan baasu dhabuu hawaasichaa kan agarsiisuudha.

Uumamaan wanta jiru tokko gurra guddisanii dhiyeessuun fiilmicha keessatti mul’atee jira. Abirhaam (2005, 0:14:05-07) irratti Harmeen Rabbirraa bakkee turtee yeroo dhufetti Simboodhaan, “Intala koo hindubbatin



waa'ee aduu har'aa; anoo *samiidhumatu gadi dhiyaaten se'ee*" jette. Aduun baay'ee gubuun isaa kan beekamu ta'ee osoo jiruu samiin gadi dhiyaachuun garuu dhimmicha humnaa ol gurra guddisuun dhiyeessuudha. Harmeen Rabbirraa yeroo bakkeedhaa dhuftee ol seente sana uffata gaddaa halluu gurraacha qabu uffattee manatti ol seente. Uffata gurraacha uffachuun isheeyyuu gadda keessa jiraachuu ishee mul'isa. Gama tokkoon gadda keessa jiraachaa gama biroon immoo aduun ishee gubee gubataa jiraachuu gubannaafi rakkoo hedduu keessa jiraachuu hawaasichaa agarsiisa.

Rabbirraan sagalee harmee isaa beekuun waanuma beekamu tokko ta'ee hariiroo harmee isaa waliin qabu humnaa ol guddisee yoo ibsu ni mul'ata. Abirhaam (2005, 0:39:05-09) irratti Harmeen Rabbirraa sagalee ishee jijjiirrattee nama kan biroo fakkaattee Rabbirraaf bilbiltee gowoomsuuf yaalte. Rabbirraan deebisee, "Harme hanga fedhe sagalee jijjiirrattullee *hafuurri kee shiboo keessa kutee, qilleensa keessa qaxxamuree yeroo gurra koo seenu dhiiga keen keessa oliifi gadi onneen koo tamsaafu lafeen qaama kee qaama koo utubdee jirtu walumaa galatti qaamni gar-tokkeen keen keessa jiru eenyummaa isaa wallaala jetteetii?"* ittiin jedhe. Hariiroo isaafi harmee isaa gidduu jiru kanas gurra guddisuun

yummuu yaada ofii ibsatu mullata. Kunis kan agarsiisu, hariiroo haadhaafi dhala ishee gidduu jiru mul'isa. Dhalli haadha waliin hiddaan kan walitti hidhaman ta'uufi jabaataa ta'uu jaalala harmee isaaf qabuun walcina qabee dhiyeesse.

#### **e) Gurra Xiqqeessuu**

Gurra xiqqeessuun akaakuu malleen dubbii keessaa tokko ta'ee dhimma tokko hanga inni gahuu iraa gadi xiqqeessuun ibsuudha. Yeroo baay'ee tuffiidhaan ilaaluufi gadi aantummaadhaan dhiyeessuudha. Fiilmii Eelaa keessatti Harmeen Rabbirraa tuffii Caaltuuf qabdu agarsiisuuf jechoota isheen fayyadamte "Ani egaa, dhimman sagaagaltuu gandaa sooruuf hinqabuu" jettee (Abirhaam, 2005, 0:35:47-49). Caaltuun sagaagaltuu osoo hintaane kakuu Rabbirraaf galte eegdee jiraattee fi amanamtuu turte. Kaayyo isheef cininnattee kan obsiteedha.

Harmeen Rabbirraa Caaltuu akka namaatti osoo hintaane gadi xiqqeessuun ilaalti turte. Abirhaam (2005, 0:14:28-30) irratti Caaltuun mucaa ishee argachuuf mana Harmee Rabbirraa yeroo deemte sanatti mooraa keessaa ariyamte baate. Simboonis ariyamuu Caaltuutiif gaddite. harmee ishee nikadhatti ture. Harmeen Rabbirraa garuu, "Callisi! Yeroo mucaan koo maqaan xuraa'u, hojjettuu irraa dhalchee, sanaa olitti immoo hojjettuu

isaa fuudhee nadheen gandaa buna ittiin dhugdu, ani garuu gurra kootiin kana dhagahuu mannaa du'ee dachee kana ta'uu naaf wayya" jechuu isheetu mul'ata. Caaltuun akka waan isheen uumamaan namaan gadi taateetti ilaaluun tuffiin irratti taasifame argina. Bakka kanatti gurra xiqqeessuudhaan ilaalcha namoota hedduu birratti taasifamuu keessatti hojjettuu manaa yookiin nama hiyyeessa ta'e tokko namaan gaditti ilaaluun raawwatu agarsiisa.

#### **f) Ateessa /Hinjirree Dubbisuu**

Akaakuu malleen dubbii keessaa ateessi yookiin hinjirree dubbisuun waan ijaan arguu hindandeenyeefi waan nama bira hinjirre tokko waamanii waliin dubbachuudha. Dubbataan sun waan bira hinjirre waama; waliin haasawaa taasisa. Kan waliin waliin dubbatamu sun kan deebii kennu miti jechuudha. Caaltuun yeroo Rabbirraan manatti ishee dhiisee biraa bakka hojii deemaa ture sanatti isa faana ilaaluun, "Maal qaba osoo kun kan ofii ta'ee; ni fayyite yaa niitii isaa; ni fayyite" jette (Abirhaam, 2005, 0:18:20-27). Akka waan niitii isaa faana odeessaa jirtuutti duubaan Rabbirraa ilaaluun dubbatti. Nama ishee faana hinjirree wajjin yaadaan dubbachuun hawwii qabdu ibsatte.

Sanyiin Surraa waliin baadiyyaatti ramadamee yeroo hojjetaa ture hiriyaan isaa

Surraan dhibee busaatiin waan du'eef bakka awwaalcha isaa dhaqee achitti boo'e. Sanyiin bakka awwaalcha Surraa dhaqee, "Baadiyyaa kan siif joore egaa nyaatte; kan siif jiru liqimsite; Surraa; Surraa koo; Surraa fakkeenya nama gaarii...nagaatti Surraa nagaatti" jedhe (Abirhaam, 2005, 0:14:54-59). Sanyiin yeroo tokko baadiyyaa waamee dubbachiisuu yaala. Baadiyyaa dhaqanii hojjechuun isaanii hawaasa achi jiraatu tajaajiluuf ture; garuu Surraan achitti du'uun isaa gaarummaa hawaasichaaf ooleef gatiin isaa du'a ta'uu isaa agarsiisa. Kana malees, Surraan yeroo sanatti du'ee awwaalamee jira; lubbuudhaan hinjiru. Sanyiin garuu akka waan inni lubbuun jiruutti hinjirree dubbisuun lafa awwaala Surraa taa'ee kan inni dubbatuudha.

Abirhaam (2005, 0:17:50-0:18:15) irratti Caaltuun du'a Obbo Surraa dhageessee yeroo baatee karaarra buute sanatti "Mucaa koo yoo niboossa ta'eef imimmaan kee lola'e, galaana taatee si bira na haageessitu, yoo ni kolfita ta'eef sagaleen kee ofitti na hawwaammatu; kolfi kees ta'e boo'ichi kee laphee isaanii isa akka dhagaa jabaate sana naaf laaffisee liphii takka sin a haagarsiisu" jechuun qofaa ishee duddubbachaa adeemti. Caaltuun akka waan mucaa ishee ijaan argaa jirtuutti qofaa ishee kan isheen dubbachaa deemtu kun qofaa ishee hinjirree dubbisuun waliin dubbachuu

ishee agrsiisa. Mucaa ofii arguu yaaduufi liphii takka ana agrsiisi kan jedhu kun bilisummaa dheechohuufi arguuf yaaduudha.

## **II. Ittifayyadama Afaanii Fiilmii Miixuu Keessatti Mul’atan**

Itti fayyadamni afaanii dubbii keessatti taasifaman fiilmii Miixuu keessatti karaalee haaldubbiifi malleen dubbiitiin mul’atanii jiru. Dubbii taatota fiilmichaa gidduutti taasifamuun ergaan dhokataan dubbii isaanii irraa ka’uun hiikdubbiifi malleen dubbiin dhiyaatan hiika mataa isaa danda’e qaba. Haaluma kanaan, hiikdubbiifi malleen dubbiin achi keessatti mul’atan haala itti aanuun xiinxalamaniin jiru.

### **i. Hiikdubbii Fiilmii Miixuu Keessatti**

Fiilmii Miixuu keessatti hiikdubbiidhaan ergaan darbuu barbaade karaalee hedduu ifa ta’ee jira. Fiilmicha keessatti harmeen Abdii, “Kanan miixadhee dahe osoo jirtuu ormi dhufee qe’ee koo dhaaluuf deema” jette (Biqilaa, 2021, 01:12:08). Haaldubbiin bakka kanatti dhokatee jiru kan harmeen Abdii waa’ee hidhamuufi bakka buuteen Xiiqqii wallaalamuu qofa osoo hintaane ormaan qe’een ishee dhaalamuuf deemuun dhibee ishee isa guddaa itti ta’e. Kan miixattee isheen deesse kan gadameessa ishee keessaa baate moggaatti achi dhiibamtee ormi alaa dhufee qabeenyaafi qe’ee ishee akka dhaalu

ibsite. Oromiyaan dachee badhaatuu hundaa qabdu taatee osoo jirtuu ilmaan ishee hedduun hidhamanii kaan biyyaa ba’uun ormi dhufee dhaaluun itti badhaadhe. Finfinneefi naannawaan ishee ilmaan Oromoof osoo hintaane alagaadhaaf giddu gala dinagdeefi aangoo siyaasaa taate; ormatu itti galuun dhufee itti duroome. Dhibeen harmee Abdii kun dhibeeffii roorroo dachee Oromiyaa irratti alagaadhaan Oromoota irratti raawwatameefi cunqursaa sirni alagaatiin ilmaan Oromoo irratti raawwataa ture agarsiisa. Ilmaan Oromoo moggaatti baafamanii ormi qe’ee Oromoo dhaaluufi itti badhaadhaniidha.

Biqilaa (2021, 0:05:02-08) keessatti, Raajiifi Dureettiin yeroo Guyyaa harmee Abdiif kennan sanatti, “Haati da’a irratti dadhabde, abbaa isaa namni beeku hinjiru” jette. Jechi *dadhabde* jedhu kun dadhabbiin kan hojii irratti taasifamu miti. Dadhabuun hiika kallattiifi irra keessaan yoo ilaalamu kan hojii irra turuun taasifamu yookiin mudhukuu ta’uu danda’a. Fiilmii kana keessatti hiikdubbiidhaan kan dhiyaate garuu lubbuudhaan dachee kana irraa du’uu agarsiisa.

Raajiifi Dureettiin erga mucaa Xiiqqii namaaf kennanii akka waan mucichi du’ee fakkeessani. Biqilaa (2021, 06:04-10) irratti Xiiqqiin da’umsaan booda yeroo of bartu,

“Dhiira moo durbaadha mucaan koo?” jettee yeroo gaafattutti, Raajiin deebistee, “Dhiira ture” jette. *Dhiira ture* jechuun ishee kun sammuu Xiiqii keessatti gaaffii uume. Xiiqiinis, “Ture,...Tureen maal jechuudha?” jettee Rajii gaafatte. Jechi “*ture*” jedhu kun hiikdubbiin isaa akka mucaan sun lubbuudhaan dachee kana irra hinjirreefi kan du’eedha. Itti fayyadama afaanii haaldubbiidhaan mul’atuun jechi *ture* jedhu kun kan ta’uu amma hinjirre agarsiisa.

Guyyaan abbaafi haadha isaa osoo hinbeekin waan guddateef eenyummaa isaa isa sirrii ta’e beekuu dhabuun isaaf gaaffii guddaa ture. Biqilaa (2021, 0:17:10-19) irratti Guyyaan, icciti jireenya dhuunfaa isaa hunda beekuuf barbaadee yeroo dhabetti, “Agartee! waa’ee abbaa keetii haati kee yoo sitti hinhimtu ta’e, waa’ee maatii keetii maal jettee odeessita?” jedhe. Iccitiifi eenyummaa abbaa isaa kan itti himuu qabu haadha isaa ture. Guyyaan abbaafi haadha isaa hinbeekin turuun sammuu isaatti gaaffii guddaa itti uume. Abbaa irraa dhalatan beekuun eenyummaa hidda sanyii ofii beekuudha. Dhalootni hidda sanyii ofii hinbeekne eenyummaa ofii beekuu hindanda’u. Eenyummaa ofii wallaaluun immoo, seenaa ofii dagatanii ejjennoo dhabuudhaan alagaadhaaf garba ta’uufi bittaa alagaa jalatti hafuu fida.

Biqilaa (00:30:30) irratti, Abbaan Abdii yeroo miliishotni dhufanii qabanii adeeman sanatti, *Lafa mucaan koo jiru ani maalittan beeka; ana gadi na lakkisaan jedhaa bee! Gadi na lakkisaa! sokkaa ana irraa jedhe.* Kunis qabaa diinaa keessa taa’anii finciluufi diina of irraa qolachuuf qabsoo taasifamu agarsiisa. Roorroofi clachunqursaa balfuufi of irraa geggeessuuf yaalii taasifamuudha.

Xiiqiin du’a abbaa isheetiin booda manaa baatee baduufi Guyyaan haadhaafi abbaa isaa dhabe yadaa dhiphachuun harmee Abdiifi Guyyaadhaaf gaaffii guddaa ture. Biqilaa (2021, 0:32:40) irratti harmeen Abdii Guyyaadhaan, “Anis maatii kee qoradheen sitti himaa; atis Xiiqii koo naaf barbaadi” yummuu ittiin jettu mul’ata. Xiiqiin du’a obboleessa isheefi hidhamuu abbaa ishee booda manaa baatee badde. Harmeen Abdii abbaan manaa ishee hidhamee, ilmi ishee tokkichi Abdiin jalaa du’ee, intalli ishee Xiiqiin jalaa baduudhaan dhala ormaati jettee Guyyaa guddifachaa jirti. Taateen harmee Abdii irratti raawwate kun cunqursaa dachee Oromiyaafi Oromoo irratti raawwatame ta’ee mul’ata. Xiiqiin maqaa namaa haafakkaatu iyyuu malee hiikdubbiidhaan hadheeffachuu, mormuufi xiiqeffachuun roorroo qolachuuf wal’aansoo taasifamuudha. Abdiin immoo, hiikdubbiidhaan yeroo ilaalamu bilisummaa hawaasichi argachuuf hawwaa tureefi

injifannoo osoo abdatamuu roorroo alagaatiin maqfameedha.

Guyyaan dhiphina sammuu isaafi iccitii keessoo isaa kan inni qoodu nama tokkoof qofa ture. Biqilaa (2021, 0:16:40-45) irratti Guyyaan, “Agartuu ko! Addunyaan kun kan isheen na badhaafte si’iin qofa; siin waanan si dhoksu tokkoyyuu hinqabu; dhoksaa qaama koo hunda illee kan argu si qofaadha; ati iccitii kooti” ittiin jedhe. Guyyaan abbaafi haadha isaa dhabee kan inni qabu jaalallee isaa Agartuu qofa ture. Kanaaf *iccitii qaama koo* jechuun dhoksaa jireenya koofi wal’aansoon keessa jiru jechuudha. Kana malees, qabsoofi jireenya jaalalaa keessatti waliif amanamuun barbaachisaa akka ta’e; isheefis jaalallee amanamaa ta’uu isaa ibse. Iccitiin kan alatti mul’atu osoo hintaane, iccitiin dhoksaa keessoo ofiiti.

Beenyaan lafaa qonnaan bulootaaf kaffalamaa jiru haqa qabeessa ta’uu dhabuu isaa waan dubbateef hojii isatti kenname qofa callisee akka hojjetuuf dirqisiifame. Biqilaa (2021, 0:21:42-55) irratti Guyyaan mindaa isaaf jedhee dhugaa hawaasaa akka dhoksuuf akeekkachiifame. Kunis, ukkaamsaa ilmaan Oromoo mirga saba isaanii falman irratti raawwatamaa ture agarsiisa. Guyyaan garuu dhugaa hawaasaa dhoksuurra mindaan natti hafuu wayya jedhee hojii itti qacarame dhiise.

Cunqursaa hawaasa isaaniirra gahu dhoksanii darbuurra rakkinaafi dhiphina hawaasichi keessa jiraatu waliin qooddachuu wayya jedhanii qabsootti makaman.

## **ii. Malleen Dubbii Fiilmii Miixuu Keessatti**

Ittifayyadama afaanii keessatti, hiikdubbiitti fayyadamuudhaan roorroo balaaleffachuufi yaada ofii ibsachuun ergaa dabarfachuun ni danda’ama. Fiilmii Miixuu keessatti malleen dubbii itti fayyadama afaanii agarsiisuuf hojiirra oolan kanneen akka iddeessaa (*metaphors*), nameessuu (*personification*), gurra guddisuu (*hyperbole*), gurra xiqqeessuu (*understatement*), habalaka (*paradox*), mitheedha. Haaluma kanaan, malleen dubbii fiilmicha dhimmoota hawaasummaa, siyaasaafi seenaa hawaasaatiin walqabatan akkaataa itti aanutti xiinxalamani jiru.

### **a) Iddeessa /Fakkeessuu**

Biqilaa (2021, 0:32:00) irratti yeroo Abdii rasaasaan rukutamee du’e sanatti Abaan Abdii, “Nyaattanii dhala koo, nyaattanii?” yummuu jedhu mul’atee jira. Jecha ajjeftanii? jedhu nyaattanii kan jedhuun bakka buusee yaada isaa ibsachuu isaati. Cunqursaafi roorroo irratti taasifamaa ture sun hammaataa waan ta’eef sirnichi sirna nama nyaatuun walqixxee kan ta’eefi hammaataa ta’uu isaa ibsachuuf kan dhimma bahameedha. Kanaafuu, ajjeesuu irra darbee nyaachuun

hammeenya sirnichaa agarsiisuuf hojiirra kan ooleedha. Malltoon bakka buusaadhaan bakka kanatti adda bahee jiru sirnicha keessa haati ilmoon ishee qe'ee ishee irratti ajjeefamee reeffa mucaa isheerra ciistee boo'uu ishee agarsiisee jira.

Fiilmii Miixuu keessatti harmeen Abdii waa'ee maatii Guyyaa gaafachuuf gara mana Raajii deemte. Harmeen Abdiis akkuma Caaltuun mana hrnee Rabirraa keessaa baafamteetti akka lamataa mooraa sana hinseenneef akeekkachiisamtee gadi baafamte. Harmeen Abdiis, "Dureetti kanaan dura dubartii kanaa wajjin maal jettee akka wal nu barsiifte yaadattaa?" jette. Dureettiinis deebistee, "Yeroon suniifi hammi tokko miti; ani yeros sammuu namaa qaban ture; kanaafin suuraa abbaa isaa boorsaa waliin sitti kenne" jette. Bakka kanatti bakka buusaadhaan wanti ifa ta'ee jiru Dureettiin yeroo faayidaadhaan dhugaa ukkaamsuun hinturre keessa sammuu namaaf yaaduufi haqummaadhaan akka hojjetaa turte ibsite. Sammuun namaa gaafa faayidaadhaan gowoomfamu sammuu namummaa kan qajeelummaa yaadu sana akka dhabu agarsiisa. Erga faayidaadhaan gowoomfamuu eegalee garuu sammuu yaaduu hindandeenye kan qabaatu ta'uu isaati.

## **b) Nameessuu**

Fiilmii Miixuu keessatti Guyyaan yeroo Agartuu waliin dubbachaa ture sanatti, "Agartuu ko! addunyaan kun kan isheen na badhaafte si'iin qofa" ittiin jedhe (Biqilaa, 2021, 0:16:47) . Kan badhaasa namaaf kennu dhala namaati; inni garuu gocha dhalli namaa raawwatu kan addunyaan raawwattuun walfakkeessee nameessuudhaan dhiyeessee jira. Guyyaan fiilmicha keessatti Biqilaa (2021, 0:17:09) irratti immoo, "Waanan beekuu qabu addunyaan kun waan hedduu na dhoksatee jirti" yoo jedhus ni mul'ata. Bakka kanatti gocha dhalli namaa raawwatu kan addunyaan kun raawwattuun wal fakkeessee ibduun isaa nameessuudhaan itti fayyadame.

Guyyaan waajjira isaa keessa taa'ee yummuu inni yaadaan bade sana Agartuun "Obbo! Waajjira keessa jirtuum! Maaf akkas yaadaan badda?" jechuun gaaffii isaaf dhiyeessite. Innis deebisee, addunyaa kana bifa namaa gonfachiisuudhaan "*Waanan beekuu qabu addunyaan kun waan hedduu na dhoksatee jirti; hidda sanyii koo....qaccee uumama koo; eenyurraa akkan dhaladhe...*" jedhe. Bakka kanatti, kan ibsuun barbaadame iccitiin eenyummaa isaafi dhoksaan bakkeetti hinbaane hedduun jiraachuu isaati. Addunyaan kun jedhee kan inni komatu dhugumaan addunyaa kana osoo hintaane

dhiibbaafi cunqursaa jiru iraa kan ka'e wantoota dubacheefi baruu barbaadu akk dhorkame ibsachuuf yaaluu isaa agarsiisa. Akka waan addunyaan kun nama taatee waa isa dhoksuu dandeessuutti nameessuudhaan itti fayyadamee dubbachuu isaati.

Guyyaan jaalala Agartuuf qabu ibsachuuf jecha nameessuudhaan miira isaa ibsate. Biqilaa (2021, 0:51:51) irratti "Guyyootni ani ija kee hinargin sagalee kee hindhagain oolee bulu hundumtuu dhukkubsatoo turani" jedhe. Kan dhukkubsatu guyyoota osoo hintaane dhala namaati; Guyyaan garuu amala dhalli namaa gonfachuuf qabu tokko guyyoota gonfachiisee bakka kanatti dubbachuun isaa nameessuudhaan itti fayyadamuu isaati. Haaluma kanaan, Biqilaa (2021, 1:20:30) irratti harmeen Abdii yeroo qofaa ishee ibidda cina teessee gaddituufi boossu sanatti mudannoo yeroo Abdiin Rasaasaan rukutamee du'ee yaadatti ture. Faaruun sagaleedhaan jalaan dhagaahamus, "*Haalaafi yerootu walii galee, dhala na dhabsiisee, mana koos onsee*" kan jedhu ture. Bakka kanatti yeroo sagaleen yedalloo muuziqaa kun dhagaahamaa turetti Guyyaan namoota Raajiin qarshiidhaan itti bitteen bakkeetti rasaasaan rukutamee ciisa ture. Gocha dhalli namaa raawwatu haalaafi yeroodhaaf kennuun faaruun kun kan dhiyaateedha. Biqilaa (2021, 1:21:51) irratti yedalloon jalaan

dhiyaatu "Gumaa maatii koo falmi Rabbi situ hunda caalaa" jedha. Kan gumaa falmu dhala namaa ta'uun kan irra ture Rabbitti adaraa kennachuu ishee faaruun yedalloo kanaan dhiyaate irraa amala nameessuu agarsiisa.

### c) **Gurra Guddisuu/Arbessuu/ Hukukkube**

Fiilmii Miixuu keessatti ittifayyadamni afaanii malleen dubbiitiin gurra guddisuun dhiyaatan nijiru. Biqilaa, (2021, 0:26:45) irratti Aadde Raajiin kan Guyyaan dhimma beenyaa qonnaan bulaaf kaffalamuu qabuu irratti gaafate ilaalchisee, "Beenyaa inni qonnaan bulootaaf gaafate gamoo abbaa darbii meeqaa nuuf ijaaruu danda'a" jette. Beenyaa qonnaan bulootaaf Guyyaan gaafate gurra ol guddisuun kan Aadde Raajiin dubbatte kun humnaa ol himuun kan dhiyaateedha. Beenyaa qonnaan bulaaf kaffalamuu qabu iftoomina akka hinqabneefi sirrii akka hintaane falmuun isaa dhiibbaa qonnaan buloota Oromoo Naannoo Finfinnee jiraatanii irratti gaaffii inni gaafate hojii irraa isa ariisisuu danda'ee jira. Akkaataan Guyyaan itti gaafateefi aadde Raajiin ittiin abbaa manaa isheef ibsite sun hanga inni gaafatee olitti gurra guddisuun dhiyeessite. Kunis gaaffii mirgaa uummatichi qabeenya isaa irratti beenyaa haqa qabeessa ta'e argachuuf gaafatu gara dhabsiisuun dhiibbaa taasifamaa tureedha. Biqilaa (2021, 1:22:13)

irratti, “Miixuu kanattii na furii, miixuu kanattii nafurii” faaruun jedhu harmeen Abdii rakkoo isheerra gaha yedalloo kanaan ibsachuu ishee agarsiisa. Kanraawwatame dhiphachuu isheeti; Miixuun garuu ciniinsuu da’umsaaf taasifamuudha. Kanaafuu, rakkina isheen keessa jirtu kana miixuu dacheen Oromiyaa keessa jirtuun walfakkeessee dhiyeessa.

#### **d) Gurra Xiqqeessuu**

Fiilmii Miixuu keessatti Raajiin Xiiqiidhaan, “Si’i Xiiqi nuti seenaa kee gaafa nutti himtu gaddinee ofitti siqabne malee, oolte bultee akka ati akka barbaadde nurratti taatuuf miti” ittiin jette. Seenaan Xiiqiin qabdu obboleessi ishee du’uufi abbaan ishee mana hidhaa keessatti hafuu isaati. Kanaafuu dubbii bakka kanatti dhiyaateen tuffii jireenyaafi dinagdee isheen qabdu malleen dubbii kanaan Raajiin ibsatte. Gama biroon immoo Raajiin itti dabaluun, “Nan guddisa yoo jettes immoo maaliin guddista? Moo haadha kee kaleessa gattee baatetti salphina kana fuutee deebi’uufi?” jette (Biqilaa, 2021, 0:07:37-45). Ittifayyadama afaaniitiin kan bakka kanatti dhiyaate dinagdee ishee ilaaluun tuffachuufi gadi xiqqqeessuun Raajii mul’atee jira. *Umurii kanaan mucaa guddisuuf moo? Sana irratti immoo mucaa abbaan isaa hinbarbaanne* jechuun tuffii hamaa isheen

Xiiqiin irratti qabdu agarsiisa. Naman ijoollummaa ka’ee jaalladhe dogoggorsite jechuun jibbiinsaafi tuffii of keessaa qabaachuu garasiisa. Sirnoota darbaniin taasifamaa tureen natu siif beeka jechuun hawaasicha dararaa turuu aangoofi dinagdeeture.

#### **e) Ateessa /Hinjirree Dubbisuu**

Biqilaa (2021,1:11-15) irratti, harmeen Abdii gara Waaqaatti ol ilaaltee, “ Ee, amma hoo abdiin koo si qofa; situ beeka; dhabduudha akkan ofiin hinjenne dhala naaf kenniteetta; garuu immoo kunoo harka koo duwwaan jira” jechuun hinjirree dubbistee yummuu boossu mullata. Harmeen abdiin dhala godhattee Abdiin jalaa ajjeefamee, Xiiqiin biyyaa baddee bakki isheen buute hinbeekamu, Abbaan Abdii hidhamee karra karra osoo ilaaltuu haftee faanni isaa hinmullanne. Kunis kan agarsiisu Oromiyaan ilmaan hedduu osoo qabduu gargar tamsaa’uun angaawoonni hedduun irraa hidhamanii bakki isaan buufaman wallaalamuun, daraggoofi shamarran immoo, roorroo alagaatiin biyyaa baafaman. Ilmaan hedduu osoo qabduu hiyyeettii taatee alagaan dhufee dhaaluun itti duroomu kan agarsiiseedha.

Cunqursaan ilmaan Oromoo irratti hundee gadifageeffachuun rakkoo gahaa tureef Waaqa kadhachuudhaan qof dubbii



taasifameen dhiyaatee jira. Fiilmii Miixuu keessatti cunqursaan ilmaan addaan facaasee maatiin gadadoof saaxilamuun hiyyummaan irratti humna godhachuu agarsiisa. Kanneen ol aantummaa qabaniifi aangoo of harkaa qaban ofii isaaniif yeroo hundumaa akka isaanitti tolee inni kan biroon immoo cunqurfamanii jiraatu. Kunis cunqursaa ilmaan Oromoo irratti yeroo dheereffateefi ilmaan Oromoofi Oromiyaa wal wallaalchisuuf shira taasifamaa tureedha.

#### **f) Mithee**

Dubbiin qoolaa mithee jedhamu kun akaakuu malleen dubbii keessaa tokko ta'ee irra keessaan soba fakkaatee waan dhugaa ta'e of keessaa qaba. Mitheen jechoota waliif faallaa ta'an kan irra keessa walfakkaataniin soba fakkaatee yoo xiinxalan garuu qabiyyee dhugummaa kan kan of keessaa qabuudha. Biqilaa (2021, 0:45:41) irratti Aade Raajiin yeroo waa'ee Guyyaa irratti intala ishee Agartuu waliin haasoftu, "Lakki hindhiphanne, dhiphachuu koo miti; garuu immoo dhiphachuun qaba; dhiphachuun qaba malee, intalli koo eesaafi nama akkamii wajjin akka ooltu beekuun qaba" jechuu isheetu mul'atee jira. Bakka kanatti aade Raajiin keessoo isheetiin dhiphina kan qabdu ta'ee garuu wantoota walfaallessan walcina qabdee dubbachuu ishee agarsiisa. Kanaafuu

akaakuu dubbii qoolaa keessaa mithee fayyadamuu isaati.

Biqilaa (2021, 0:47:40) irratti Raajiin mana ofii ishee keessatti Xiiqiidhaan, "Baguma lubbuudhaanuu jiraatte" jechuu isheetu mullata. Kanaan dura akka isheen duute fakkeessitee waan himaa turteef jiraattee dhufuu ishee gaafa agartu faallaa isaatiin akka waan jiraachuu isheef hawwitee fakkeessuun dhiyeessuu isheeti. Jiraachuu Xiiqiitti gammaddee osoo hintaane du'a isheef hawwaa waan turteef "Baguma lubbuudhaanuu jiraatte" ittiin jechuu isheeti. Dubbii qoolaa mithee kanaan kan mullatu ilmaan Oromoo quuqama saba isaanii qaban dhabamsiisani akka waan deebi'anii jiraachuu hindandeenyeetti kan isaan odeessaa turan qabsoo yeroo keessa taasifameen immoo gara hawaasa isaaniitti deebi'anii makamuun kan isaan hingammachiifne ta'uu mullisuuf kan dhiyaateedha. Irra keessa kan gammadaniif fakkaatullee keessoo isaaniitti summii qabatani kan boolla ittiin isaan balleessaniif du'aaf dabarsanii kan kennan ta'uu isaati.

Biqilaa (2021, 0:57:50) irratti yeroo Xiiqiin mana Aade Raajii dhaqxee ol seenuuf gaafatte sanatti Aade Raajiin, "Ee- lakki, anis miillan hiikkadha jedheen bahaan jira waan ta'eef..." ittiin jette. Dubbiin ee-lakki

jedhu kun yaada walfaallessu lama walcina fayyadamuun dhiyeessuu of keessaa qaba. Biqilaa (2021,1:21:48) irratti immoo, “Anis dahee guddiseen ormi gahee koo dhaalaa” yedalon jedhu gaafa jalaan dhiyaatu kan silaa qe’ee ofii dhaaluu qabu orma osoo hintaane dhala ofii akka ta’uu qabuudha. Kan bakka kanatti raawwate garuu gocha faallaadhaan raawwatame ta’uu isaati.

Itti fayyadamni afaanii dhimoota hariiroo waloo hawaasummaa gidduutti hojiirra oolan mul’suu keessatti gahee mataa isaanii qabu. Ergaa fiimichaan darbuun barbaadameefi dhimmoota bakkee baasanii ifatti dubbachuun rakkisaa ta’an karaa dhokataa ta’een malleen dubbiitti fayyadamuun fakkoommiidhaan dhiyeessu. Cunqursaafi roorroon hawaasa irratti karaa dinagdee, hawaasummaafi siyaasaan gahaa turan ifatti baasanii dubbachuun rakkisaa ture. Kanaafuu, yeroo fiilmiiwwan lamaan kun hojjetaman keessa malleen dubbii olitti dhiyaatan kanatti dhimma bahuun dhiyaatani.

## **Goolabaafi Argannoo**

### **a) Goolaba**

Ittifayyadama afaaniitiin hiikdubbiin, haaldubbiifi malleen dubbii fiilmiiwwan Eelaafi Miixuu keessatti hariiroo waloo hawaasummaa agarsiisuuf hojiirra oolani jiru. Itti fayyadama afaanii keessatti wantoonni

mul’atan cunqursaa roorroofi gadadoo jireenya hawaasummaa keessatti mul’atan agarsiisanii jiru. Hiikdubbiifi malleen dubbiitiin miidhamuudhaan cunqurfamuun dhiphachuun hawaasaa adda bahee mul’atee jira. Malleen dubbii hiikdubbii fiilmicha keessatti mul’atan keessatti moggaasni maqaa taatotaafi dubbiileen hojiirra oolan akkuma maqaa isaanii miixuufi ciniinsuu hawaasaa agarsiisu. Ittifayyadamni afaanii karaalee hiikdubbii, haaldubbiifi malleen dubbiitiin dhiyaatan hunduu ciniinsifachuufi dhiphina keessa jiraachuu hawaasaa agarsiisa. Ittifayyadama afaanii karaa hiikdubbiifi malleen dubbii fiilmicha keessatti mul’ataniin eelaafi miixuun hawaasni Oromoo cunqursaan irratti kan taasifame ta’uu agarsiisa. Ittifayyadamni afaanii fiilmicha keessatti dhiyaatan kan isaan agarsiisan biyya Itoophiyaa bulchaa tureen cunqursaa uummata Oromoo irratti raawwataa turuu agarsiisa. Xiiqiin fiilmicha keessatti mul’attu roorroofi cunqursaa hadheeffatanii mormuun roorroo of irraa dhabamsiisuuf tattaaffii taasifamuudha. Guyyaan immoo, dukkana keessa taa’anii ifa boru bahu arguuf abdachuudha. Kanaafuu, mucaan akka dhalatuuf ciniinsuu keessa darbuu gaafata. Walumaagalatti, Eelaan miidhama hedduu nama irra ture yoo ta’u, miixuun immoo, ulfi garaa jiru tokko akka dhalatuuf wal’aansoo fi qabsoo taasifamuudha. Walumaagalatti,

fiilmiiwwan lamaan keessatti miidhamaafi ciniisuu hawaasni Oromoo keessa ture dhiyaatanii xiinxalamani jiru. Cunqursaa jalaa bahuuf rakkina obsanii ciniinnachuun qabsaa'uufi wal'aansoo hamaa qeerroofi qarreen taasisaa turan ittifayyadamni afaanii karaa hiikdubbiifi malleen dubiin dhiyaatan agarsiisani jiru.

### **b) Argannoo**

Ittifayyadama afaaniitiin karaa hiikdubbiifi malleen dubbii eelaafi miixuun jireenya hawaasaa irratti walfuran xiinxalamani jiru. Cunqursaafi roorroo keessatti obsanii ciniinnachuufi kaayyoo ofii galmaan gahuuf ejjennoo qabatani socho'uun murteessaa ta'uun adda bahee jira. Hawaasni cunqurfamaafi tajaajila hawaasummaa dhabe jiru kan talaallii gahaa dhabe baala mukaa bishaan gahaa dhabe harca'utti fakkeeffamani. Daa'imaman talaallii yaalaa dhabanii akka baalaa harca'an kan jedhu kun dhumaatiifi ajjeechaa jumilaan hawaasa irratti taasifame agarsiisa. Obbollooni keenya talaallii dhabanii da'umsa irratti du'uun hiikni isaa keessa isaaniitti ulfa qabsoo bilisummaa osoo of keessaa hin baasin cunqursaadhaan karaatti hafuu ilmaan Oromoo agarsiisa. Itti fayyadama afaanii dhiyaatan keessatti kanneen hawaasicha cunqursaa turan akka bofaa riphani amala

gugee gonfachuun kan itti roorrisaa turan ta'uun adda bahee jira. Cunqursaa hawaasa irratti fe'ameefi miidhamuu hawaasaa kana irraa dhabamsiisuuf ilmaan Oromoo hedduun kallattii ogummaafi beekumsa qabaniin irratti qabsaa'ani. Cunqursaa alagaa of irraa dhabamsiisuuf miixatanii ciniinnachuu keessatti ilmaan Oromoo hedduun barumsa isaanii addaan kutani. Maatii hedduun adda faffacaa'ani addaan bahuufi biyyaa baafamuuf saaxilamani. Cunqursaan hammam dheeratulle guyyaa isaa eeggatee bu'aa qabsoo qeerroofi qarreetiin dhugaan ifatti bahuun isaa kan hin oolleefi maatiin addaan faca'eefi dhiibbaa alagaatiin addaan bahe wal arguu isaanii argannoon qorannichaa agarsiisee jira.

### **Wabiilee**

- Abirham Jaallataa (2005). *Eelaa*. Hojjaa Fiilmii Waaqaan kan dhiyaate. Finfinnee.
- Annala, P. (2014). *Film costumes as icons: Three representations of a hero's iconic film costume*. University of Lapland.
- Biqilaa Asfawu (2021). *Miixuu*. Milto Pictures. Finfinnee.
- David, S., & Johanna, B. (2012). *A pattern language for costumes in films*. Institute of Architecture of Application Systems. University of Stuttgart,

- Fahriza, A. (2021). *Analysis of figurative language that used by main character on the movie "Black Panther"*. Tarbiyah and Teacher Training Faculty. Islamic State Of University. Raden Intan Lampung.
- Graham, G. (2005). *Philosophy of the arts. An introduction to aesthetics*. Third Edition. USA. Published by Routledge.
- Khonita, N. (2005). *The use of figurative language in "The Devil wears Prada" film*. Diponegoro University.
- Lee & Lily (2008). Enhance literature teaching by using films. (*The differences between novels and films*) July. 2008, Volume 5, No.7 (Serial No.44) US-China Education Review, ISSN1548-6613, USA.
- Meyer, J. (1997). What is literature? A definition based on prototypes. DOI: 10.31356/silwp.vol41.03.
- Michael, J., & Celene, F. (2015). *Symbolic interactionism*. California State University, Northridge, USA.
- Vinothini, M. (2017). Leech's seven types of meaning in semantics. *International Journal of Multidisciplinary Research and Development Online* ISSN: 2349-4182, Print ISSN: 2349-5979, Impact Factor: RJIF 5.72 www.allsubjectjournal.com Volume 4; Issue 3; March 2017; Page No.
- Nilgun, A., Buket, K., & Mufit, A. (2009). *Symbolic interaction theory*. Demirboken a Gazi University.
- Thao, N. (2021). *Investigating semantic analysis on figurative language to a movie script: A literature case*. Faculty of Philology, Hanoi Pedagogical University, Vinh Phuc, Vietnam.
- Vincent, U., & Anthony, N. (2020). The place of critical theories in film analysis: Making a case for reading films as text. *The Creative Artist: A, Journal of Theatre and Media Studies*.
- Wulan, S. (2022). Symbolism in the animated film Raya qnd the last Dragon. Universitas Islam Sumatera Utara, Medan, Indonesia. IJEAL (*International Journal of English and Applied Linguistics*) Volume: 2. E-ISSN: 2787-9482 | DOI: doi.org/ijeal. v2i3.1890.
- Yustina, G. (2018). Figurative language used by characters in the sherlock holmes. Movie script "The Study in Pink". English Department Faculty of Arts - Udayana University [Gunkguzk@gmail.com] [lirishatinya@yahoo.com].